Oromo

Gara Mana Dubbisaa Magaalaatti Baga Nagaan Dhuftan.

Odeeffannoo Mana Dubbisaa

Galmee

Galmeen bilisaanidha. Galmaa'uudhaaf adaraa keessan sanadoota keessan fi footoo Kan (paaaspoortii/eeyyama jireenyaa) kan tessoo of-keessatti qabate ta'uu qaba. Yoo sanadichii teessoo hin qabu ta'eef waraqaa raga mana isiin galmeesse irraa kenname nu barbaachisa.

Galmeen Kun ijoollee fi daa'immaniif ni barbaachisa. Ijoolleenii fi daa'imman umurii waggaa 16 gadi ta'aniif paaspoortii fi kooppii kan maatii isaanii yokiin nama isaan guddisuu ni-barbaachisa. Yoo daa'imni qofaa isaa galmaa'uf kan dhufu ta'eef, xalayyaa iyyanno guutuu kan mallatteeffame fi koppii kennaa.

Yoo bakka jirtanii jijjiirtani nu-beekisisaa

Yoo kaardii mana dubbisaa keessan gattaniittu ta'eef 'Bescheied' itti himaa, akka kardii keessan cufamuuf. Kunis kan barbachisu yoo cufamu namni biraa kammillee itti fayyadamuu akka hin dandenye godha. Kaardiin laayibirarii kanaa kan nama kennameef qofa; nama biraatiif hinkeniina. Kaadii laaybirarii keessaniin waan nurra eergifattan itti gaafatamumma qabdu.

Haala itti Ergifattan
Yeroon ergifannaa haala miidiyaa barbaaddani irratti hunda'a:

- Kitaaba, CD, barnoota afaanii, console geemii: guyyaa 28, 2x28 haareffamu ta'a.
- DVD, fi barreeffamoonni Magaazinootaa:…guyyaa 14, 2x14 haareffamu ta'a.

Guyyaan itti waan ergifattan deebisu qabdan, sanada ergiffannaa irratti barraaee jira.

Miidiyaalee ergifattan, yeroo hunda bakka fuutanitti (bakka ergifatanitti) deebisuudhaf itti gaafatamummaa qabdu.

Haala ittiin ergifannaa dheerefattan

Yeroo ergifannaa midiyaalee dheeressuun nii-danda'ama.
Kuniis yoo nama biraa ergifachuuf iyyannoo hin-dhiyeefanne ta'e qofaa dha.

Yeroo ergifannaatiif kaffaltiwwan kaffalaman:

Midiyaa ijollee:	biliisa
Miidiyaaa darggagootaa:	Euro 0.50/miidiyaa
Midiyaalee gosa bira hundaf:	Euro 1.00/miidiyaa.

Yoo yeroo ergifannaa dheerachuu dandamaa ta'eef maaloo hojjatoota mana kitaabaa gaafadhaa.

Kaffaltiwwan yeroo ergifannaa dheeressuu.

Kaffaltiin guyyaa miidiyaa ergifatan deebi'uu qabu bulee kan herregamu ta'a. Kun kan tahu yoo yeroon ergifanna hinhaarosfisamne tahe yokkin miidiyaa ergifattan hindeebisne yoo tahe dha.

Kaffalatii gosa miidiyaatiin:

Midiyaa ijoollen	Euro 0,10
Miidiyaa darggagootaa	Euro 1.00
Midiyaaleen gosa biraaf	Euro 2.00

Kaffalatiin kun yoo akeekkachiisalle (yaadachiisa) hin fudhannees ta'e kan herregamu ta'a. Akeekkachiisa (yaadachiisa) lammaffaa barreffamaa mana dubbisaa kanatiin yoo sinitti ergame, adabbii Euro 5.00 kan kaffaltan ta'a.

Yoo miidiiyaalee irratti miidhaa geessistaniif yookin badeef, atattamaan hojjatoota laayibirarii beeksisuu qabdu. Badii fi midhaa gahuuf kaffaluun dirqama. Waan ergifattaniratti irratti badii yoo gahe, midiyaan ergifattan guutumaa guututti bakka buusuun dirqama. Kitaabota irratti barressuu, jala sararuu, kittaabolee fi midiyaalee irratti qalamii dibuun akka badiitti ilaalama. Kanaafis, badii geessistaniif adabbiin ni kaffaltu.

Galmee

Midiyaaleen ergifamanii jiran, tarree egsifachuu dandessu. Tara qabsifachuuf EUR 1.50 kaffalchisa.

WLAN

Giddu gala mana kitaabaa Magaala Nurnberg keessa WLAN jira.
Kana fayyadamuuf Kaardii mana kitaabaa magaalaa kana qabachuu qabdu.

1. Barbaadduu abbaa shiboo malee (wireless) banaati netwoorkiitti STB-Fi walqabsisa (connect) godha. Yeroo kanatti paaswordiin barbaachisa dha.
2. Weeb-browserii keessan banadha. Isa booda gara WLAN skiriiniiti qajeelfamtu.
3. WLAN skiriinii bira yeroo geessan, maloo waantota kana gaditti ibsan galcha;
   - Lakkoofsa ittiin fayyadama (user number) = kun lakkoofsa kaardii laaribiraarii keessanidha (B*****) fi
   - Paaswoordii = paaswoordii akkaawuntii keessan. Paaswoordii keessan guyyaa dhalootaa keessaniiti, isa bifa kanatiini galchaa: 00.00.0000
4. Poolisii itti fayyadam isa fudhatama qabu itti waliigala darba, kanaas 'hook' kessan mijeessuudhan kan raawwattan ta'a.
5. Erga "Login" kliik gootan booddee, daqiiqaa xiqqoo keesatti gara weebsaayitii barbaadanitti isin geessa.

Yoo isin dideef, Lakkofsa Itti fayyadamummaa keessan (User ID) keessanif paaswoordi irra deebi'ati sirriitti ga1cha. Rakkina cima isin mudatuuf hojettoota mana kitaabaa haasofsiisaa.